# سُورَةُ الْبُرُوجِ
# Suuraa Buruujaa

Dura dursoo suuran tun {suuratul buruuj} je'amti

قبل كل شئ هذه هي سورة البروج

*Aayaanni isi'ii diiddamii lama {22}.

وآياتها اثنان وعشرون { ٢٢ }

*Lakkooysi isi'ii saddeettamii shan {85 }

وعددها خمس وثمانون { ٨٥ }

*Isiin eega suuran { shamsii } buutee

نزلت بعد سورة الشمس

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabii rahgmata qabuutii.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

1}*Samii buruja qabduunan khakha dhaa buruuja jechuun; urjii'ii ,yookaa bakka adu`-uufii , jiini qubatuu sun buruja kudha lamaa bakkeen qubatan diiddamii saddeetii.

وَٱلسَّمَآءِ ذَاتِ ٱلْبُرُوجِ ﴿١﴾

2}*Ammas guyyaa qiyaama`aatinan khakh-adhaa.

وَٱلْيَوْمِ ٱلْمَوْعُودِ ﴿٢﴾

*Ammas,guyyaa jum`ataati nan kha-khadhaa,

وَشَاهِدٍ

3}*Ammas guyyaa arafa`aatinan khakha-dhaa guyyaan sadeen kun Rabbii biratti ja-ba`aa {yawmilmawkguud} jechuun :guyyaa baallamaa jechu`, inni guyyaa qi-yaama`aa, kan wanni Rabbiin baallama namaa seene hundi keessatti argamtu {shaahid} jechuun : guyyaa raga`aa jechu` sun guyyaa jum`aadhatii , kan wa-an isa keessa dalaganiin ragaa namaa bayu {mashhuud} jechuun guyyaa ara-fa`aatii guyyaa namaafii malaaykan dhuftee itti wal geessu jechu`,duuba Rab-biin sami`iifii, guyyaa sadeen kanaan khakhatee , akki je`e.

وَمَشْهُودٍ ﴿٣﴾

4}*Dhugumaan warri khandaqaa kan boolla qotee , itti nama hare abaarame.

قُتِلَ أَصْحَٰبُ ٱلْأُخْدُودِ ﴿٤﴾

5 - 6}*Warri boolla qotee , qoraan itti darbee , ibidda itti qabsiisee , marcuma kaayatee gubbaa taa`ee , warra Rabbitti amaneen islaamarraa deebi`aa, hoggaa taan , ibidda kanatti isin darbinaa je`u sun, abaarame.

ٱلنَّارِ ذَاتِ ٱلْوَقُودِ ﴿٥﴾ إِذْ هُمْ عَلَيْهَا قُعُودٌ ﴿٦﴾

7}*Ormi kuffaaraa badaan orma mu`minaa

وَهُمْ عَلَىٰ مَا يَفْعَلُونَ بِٱلْمُؤْمِنِينَ شُهُودٌ ﴿٧﴾

akkas godhe sun, achi taa`aniiti, orma islaamaa ,kan ibi ddatti darbamu san daaw`atan kan islaamarraa deebi`ee kafaruu dide , ibiddatti darbanii , kan kafaree diinaa isaanii jala deeme , dhiisanii duuba odoo akkasitti jiranuu jaartii takka tan mucaa xiqqaa dubbatuun gayin, harka qabdu ,fidanii , islaamarraa deebi`i ,hoggaa taan ibidda kanatti si darbinaa je`aniin jennaanin islaamarraa deebi`uu diddee, haa tayuu ibidda seenuu sodaatte , hoggaa san mucaan isi`ii , kan takkaa dubbiin gayin , aayyoo :ati haqarra jirtaa ,ibidda aakhira`aatu kanarra hama`aa,seenii diinaa Rabbirratti du`i je`een, duuba Rabbiin orma islaamaa kan ibiddatti harame san ,odoo isaan ibiddan gayin ruuhii isaanii keessaa baasee, reeffuma qofa, ibidda geessee : isaan laalaa ibidda sanii,hin agarre , ammoo orma kuffaaraa kenneen achi taa`ee daaw`atu san , ibiddi khandaqa , yookaa boolla sanii bayee , hunda isaanii gube.

وَمَا نَقَمُوا۟ مِنْهُمْ إِلَّآ أَن يُؤْمِنُوا۟ بِٱللَّهِ

*Ormi kuffaaraa sun orma Islaamaa waan biraatii akkasitti hin miinee ,isaanumaatu muka,yookaa taabota yookaa nama ,ibaaduu didee Rabbii tokkichatti amane`eefi,

ٱلْعَزِيزِ

*Rabbii mooticha waa takka isan injifanne,

ٱلْحَمِيدِ ﴿٨﴾

**8}***kan akkayyuttuu faarfamu.

ٱلَّذِى لَهُۥ مُلْكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ ۚ

*Kan dachi`iifii , samii uumee qabu,

وَٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَىْءٍ شَهِيدٌ ﴿٩﴾

**9}***Rabbiin kan wahayyuu argu,kan beekhu ,kan ,quba qabbu.

إِنَّ ٱلَّذِينَ فَتَنُوا۟ ٱلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ

*Warri jara Rabbitti amane fitnaa godhe takkaa itti rakkisee cinqe,

ثُمَّ لَمْ يَتُوبُوا۟

*Kanneen,balleessaa sanirraa, deebi`anii , araarama hin barbaadin ,

فَلَهُمْ عَذَابُ جَهَنَّمَ

*Ibidda,azaabatiitu ,akhira`atti isaanif qophaayee taa'a,

وَلَهُمْ عَذَابُ ٱلْحَرِيقِ ﴿١٠﴾

**10}***ammallee ibidda isaan gubuutu isaanif jira ,kan akka isaan orma mu`minaa san gubanitti isaan gubu , takkaa ibidda addunyaa tanarratti isaan gubuutu isaanif jira , akka warra khandaqaa san ibiddi bayee gubetti.

إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*warri, Rabbii ,tokkichatti amanee ,ergamaa isaa muhgammaditti amanee, waan gaarii Rabbiin itti ajaje dalagee, hamtu`urraa fagaate

لَهُمْ جَنَّٰتٌ

*Jannata hedduu Rabbi biraa qaban masnoo baayyee jannata keessaa qaban,

تَجْرِى مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ

*Jannata, yookaa masnoota lagootin olii gad keessa yaatu,

ذَٰلِكَ ٱلْفَوْزُ ٱلْكَبِيرُ ﴿١١﴾

**11}***Waan san argatuun, milkii guddo'oo.

إِنَّ بَطْشَ رَبِّكَ

*Humniti Rabbii keetii , balleysan yoo fedhe nama isattii kafare balleysu

لَشَدِيدٌ ﴿١٢﴾

**12}***Akkaan jabdu`uu , bakki itti jalaa bayan hin jirtu , wanni hundi tan isaatii.

إِنَّهُۥ هُوَ يُبْدِئُ وَيُعِيدُ ﴿١٣﴾

**13}***Rabbiin isuma kan waa hunda jalqabee uumee jiraachisee ajjeessu, ammallee isuma kan eega du'anii nama jiraachisee , qabri`ii nama baasee akka duritti deebisu.

وَهُوَ ٱلْغَفُورُ

*Rabbiin isa nama gara isaa deebi'ee araara barbaadef , araaramu,

ٱلْوَدُودُ ﴿١٤﴾

**14}***Rabbiin isa nama dubbii isaa dhagayu , jaalatee karaamaa kennuufi.

ذُو ٱلْعَرْشِ

*Rabbiin isa arshii waa hundarra guddo`oo, uumee qabu

ٱلْمَجِيدُ ﴿١٥﴾

**15}***kan waan isaan hin malle hundarraa guddate,takkaa kan arshii waan inni uume hunda keessaa akkaan guddo`oo qabu jechuu.

فَعَّالٌ لِّمَا يُرِيدُ ﴿١٦﴾

**16}***Rabbiin waan fedhe dalagaa wanni isa dadhabsiisu hin jiru.

هَلْ أَتَىٰكَ حَدِيثُ ٱلْجُنُودِ ﴿١٧﴾

**17}***Yaa ergamaa kiyya Muhammad oduun cifraa ,yookaa ashkara tokkoo sii dhuftee ? takkaa si geessee

فِرْعَوْنَ وَثَمُودَ ﴿١٨﴾

**18}***Ashkarri sun ,kan firkgawnati ifii kan thamuudi,oduun isaanii firkgawna mootin misraa , nabi muusaa kijibsiiseti, sababaa saniin, Rabbiin isa balleesse umm-anni thamuudis nabi {saalih} kijibsiisaniiti sababaa saniin , Rabbiin lafarraa isaan balleesse , duuba Rabbiin waan fedhe hojjataa namni maa akkas isaan goote je`ee isa gaafatu hin jiruu, akkasuma orma nabi Muhammad kijibsiise , Rabbiin yoo fedhe lafarraa fixaa, namni isaanii dirmatee irraa dhoowwu hin jiruu beekhaa jechu.

بَلِ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ فِى تَكْذِيبٍ ﴿١٩﴾

**19}***Haa tayuu warri Rabbitti kafare waan Rabbiin odeesse ,kijibsiisu'utti ,jira , oduma, beekhanuu, moroma`atti jiran.

وَٱللَّهُ مِن وَرَآئِهِم مُّحِيطٌۢ ﴿٢٠﴾

**20}***duuba, Rabbiin dandeytii isaatin, duraa duuba isaanii marsee jiraa, bakka itti jalaa bayan hin qaban.

بَلْ هُوَ قُرْءَانٌ مَّجِيدٌ ﴿٢١﴾

**21}***Wanni nuti ergamaa keenya Muhammadirratti buufne ,sun ,qur'aana ,guddaa khabajamaa.

فِى لَوْحٍ مَّحْفُوظٍۭ ﴿٢٢﴾

**22}***Qur`aanni , lawhgal mahgfuuzg keessa jira lawhgal mahgfuuzg samii torbeysa`aa gubbaa qilleensa keessa jira , lawhgal mahgfuuzg sheyxaanafii,itti waa ida`uudhafii irraa ir`isu`urraa tiyfamaa, dheerinni isaa , hanga samiin lafarraa ol fagaattu bal`inni isaa,bayarraa hanga dhiyatti duuba qur`aanni lawhgal mahgfuuzgirratti ,katabmee achirraa fuudhamee , nabi Muhgammadirratti bu`ee ,namni qur`aana dhugo`oomsee, waan inni je`utti dalage addunya`aa aakhiraa milkaaye.